Union of Oromo Evangelical Churches of Europe

Tokkummaa Woldootii Oromoo warra Wangeelaa Awurooppaa

www.uoece.org

THE UOECE NEWSLETTER

NO 2/2013

Workshoppiin TWOWA tiin yeroo jalqabaaf qophaa'e milkiin xumurame!

(Utrecht, September 23, 2013) Woldootii Oromoo warra Wangeelaa Awuroppaatiin kan qophaa'e fi gosa isaatiin isa jalqabaa kan ta'e workshopiin guyyaa sadii milkaa'inaan xumurame.

Obbo Robsan Mako D/T TWOWA, Wolitti-dhufeenya hawaasa Oromoo fi woldaa gidduu jiru cimsuu kaayyoo godhatee kan qophaa'e workshoppii kana woyita banan haasawaa godhan keessatti wolqunnamtii woldootii fi hawaasa gidduu jiru cimsuun hojii wongeelaaf akka karaa banu himaniiru.

Woldootii Oromoo Amesterdam fi Utrech tiin kan keessumsiifamee fi September 20 -22 bar 2013 Magaalaa Utrecht, Netherland keessatti kan adeemsifamee workshopii kana irratti woraqaaleen qorannaa hayyoota garagraraatiin qophaa'an dhihaataniru. Luba Dr. Tasgaraa Hirpoo, H/W Waaqee Ja'oo fi H/W Galatii Hailu dhimmoota amantii kristaanaa fi Aadaa, amantii kristaanaa fi polotikaa akkasumas ga'ee amantootni diasporaa sochii hawaasummaa keessatti qabaachuu malan irratti caafatni qorannoo gadi-fagoo irratti hundaa'an dhihaatanii mareen bal'aan irratti adeemsifameera.

H/W Waaqee Ja'oo



Luba Dr. Tasgaraa Hirpoo

H/W Galatii Hailuu

Hojii mirga dhala namaa, kununsa aadaa fi barsiisa wongeelaa keessatti muuxannoo bara dheeraa kan qaban Lubi Dr. Tasgaraa Hirpoo «Amanttii kristaanaa fi aadaa» mataduree jedhuun caaffata qorannoo dhiheessan keessatti sabootiin baayyeen biyyoota dhihaa irraa ergaa wongeela fudhatan aadaa isaaniis duukaa akka ofitti fuudhan himanii ergaan wongeelaa kan yeroon itti hindarbineef kan hingeedaramnedha erga jedhanii booda aadaan ormaa amantii kristaanaa duukaa dhufe garuu amma irra deebiamee ilaalamaa jira jedhaniiru.

Empayera Etiyopiyaa keessatti jaarraa kan lakkoofsise olaantummaan aadaa saba tokkoo fi dhokfamuun aadaa saboota bira rakkoo inni fide ibsuudhaan aadaa uummatichaa woliin wongeela wolfudhachiisuudhaan barsiisuun akka danda'amu qorannaa isaanii keessatti agarsiisaniiru.

Kana malees mataduree "amantii kiristaanaa fi polotikaa" jedhu irratti waraqaa qorannaa dhiheessaniin waldaan kristaanaa politikaan ishee hinilaalatu jechuun rakkisaa akka ta'e xuquudhaan amantootnis kana irraa ala ta'uu akka hindandeenye ibsaniiru.

H/W Waaqee Ja'os caafata qorannaa bal'aa dhiheessaniin waldan kristaanaa guutummaa jireenya dhala namaa tajaajiluudhaaf waamamuu ishee jala-muruudhaan kunis siyaasas akka dabalatu mul'isaniiru. siyaasni nahinilaalatu kan jedhan amantootni amantii kristaanaa tokko tokko sababaalee isaan tarreessan qorannaan kun qabxiilee 11 jalatti cuunfuudhaan erga dhiheessee booda macaafa qulqulqulluu keessaa xuquudhaan deebii itti kenneera.

Hojii wangeela babal'isuu woldaan kristaanaa oromo diasporaa gaggeessitu keessatti ga'een amantootaa maal ta'uu akka qabu kan agarsiise waraqaan qorannaa H/W Galatii Hayiluutiin dhihaate waaqayyoon waaqessuu biratti aadaa oromoo kunuunsuun, afaan oromoo dagaagsuu fi hogganoota borii sagalee Waaqayyootiin qaranii guddisuun dhimmoota bu'a qabeessa waldootii oromoo biyya ambaa keessa jiranii irratti xiyyeeffachuu qabun akka ta'e agarsiiseera.

Hirmaatota seminaarichaa keessaa hamma tokko

Woldootii Oromoo biyyotii Awurooppaa garagaraa sagal keessaa kan wolitti dhufan hirmaattotni workshoppii kanaa maree ba'aa eega godhaanii booda xumura workshopiichaa irratt qabxiilee gara fuunduraatti irratti hojetamuu malan lafaa kaa'aniiru. Kanamalees hirmaattoon workshopichaa yeroo gara woldootii isaaniitti deebi'an yeroo gabaabaa keessatti barumsa workshoppii kana irratti argataniin leenjii wolfakaataa woldootii isaaniif akka kennan irratti woliigalaniiru.

Hirmaattotni workshopichaa tokko tokko akka yaada kennaniin hubannaan workishoppicha irraa argame kun darbanii hawaasa Oromoo naannootti argamu gidduuutti hojii wongeelaa hojechuuf deggersa guddaa akka godhu dubbataniiru.

Woldootiin Oromoo magaalotii Awuroppaa garagaraa keessatti argaman kaayyoo godhatanii kan isaan dhaabbatan hawaasa Oromoo naannoo isaanitti argamu wongeelaan qaqqabuu si'a ta'u kaayyoon kun akka yaadametti fiixaan ba'uu dadhabuun akkasumas hanqinni wolhubannaa waldaa fi hawaasa Oromoo gidduutti darbee darbee mul'atu workshoppii kana qopheessuuf sababa ta'eera.

Adde Ragaatuu Olaanaa

Obbo Eebbisaa Olaanaa

Obbo Iyaasuu Bulaa

Xumura workshoppii kanaa irratti hirmaattotni barumsa kenname irratti gurmuu gurmuudhaan erga mare bal'aa godhanii booda ijoo mare isaanii karaa bakkabuutota isaanii woyita dhiheessan.

Sagantaa waaqefannaas kan of keessa qabu workshoppii kana irratti H/W Pexiros woldaa Oromoo London irraa fi H/W Guuten Nezerland irraa kadhannaa fi lallbaan tajaajila kennuu isaanii irra iyyuu waldaa Oslo irraa

Ashenafi, Ragatuu fi Gadisan waldaa Trondheim irraa immoo Asaffaa fi Bungulan farfannaa, kadhannaa fi sagantaa gaggeessuudhaan tajaajila kennaniiru.

H/W Pexros	Aseffaa, Ashenafii fi Raggaatuu	H/W Guutee

guyyaa isa xumuraa gaafa Dilbataa konfiransii qophaa'e irratti hidhaan seexanaa ciccitee dhukufattooni fayyuu isaanii irra iyyuu lubbuu haaraan tokko guuftaa fudhatteetti. Konfransii isa gaafa xumuraa kana irratti worra workshopiif gara Nezerland dhufan malee magaalotii Netherland gara garaa irraa kan dhufan amantootni baayyeen hirmaattota eebba Waaqayyo ta'aniiru.

Workshoppiin sadarkaa Awuroppaatti TWOWA tiin gaggeeffamu gara fuuduraattis kan ittifufu si'a ta'u inni itti aanu April 2014 keessa akka adeemsifamus beekun danda'ameera.

Dura ta'aan TWOWA xumura workshoppichaa irratti hirmaattotni barumsa workshoppicha irraa argataniin woldootii isanii keessatti leenjii wolfakkaataa qopheessuudhan akka hojiitti jijjiran wamicha dabarsaniiru. Akkasumas jaalala fi simannaa ho'aa hirmaattota workishoppiichaatti kan agarsiisan woldootii Oromoo Utrecht fi Amesterdam galateefataniiru. kana malees projektii gurguddaa TWOWA yeroo ammaa kana gaggeeessaa jiru xuquudhaan Macaafa Qulqulluu Afaan Oromoo kompyuteraa fi mobayilaan dhiheessuuf qophiin xumuramaa jiraachuu isaa irra iyyuu tajaajilli radiyoo dambalii gabaabaa TWOWA tiin qophaa'u yeroo dhihootti gaanfa Afrikaatti tamsaasa isaa akka jalqabu himaniiru.